Maqaa jalqabaa/dhuma mucaa: ______________________________ Guyyaa dhaloota mucaa: __________________

**Hayyama hirmaannaa sagantaa barnoota idilee-duraa Siyaatil**

Department of Education and Early Learning (DEEL, Qajeelcha Sagantaa Barnootaa fi Barnoota idilee duraa) mucaa keessaniif tajaajilootaa fi deeggarsoota qulqullina olaanaa qaban kennuuf, dhaabbilee barnoota idilee-duraa (“the Provider”) waliin dhiheenya hojjeta.Hirmaattonni sagantaa kana irratti hirmaachuuf, qabxiilee armaan gadii irratti walii galuu qabu:

DEEL galmee mucaa keessanii, qorannoo barnootaa fi argama Isanti dabalatee, odeeffannoo baratаa eenyummaa agarsiisu kan sirnaan to’atamee fi kuusaa odeeffannoo amansiisaa (database) keessatti galmeessa. Tajaajiloota barbaachisoo ta’an kennuu fi barattoonni yeroo gara sagantaalee barnoota K-12 darbanitti, itti fufiinsa barnootaa mirkaneessuuf jecha, odeeffannoowwan eenyummaa ibsuu danda’an DEEL, dhaabbata tajaajila kennu, Seattle School District No. 1 (the District፣ Kutaa Barnoota Hawaasaa Siyaatilii lakkoofsa 1), Public Health – Seattle & King County (PHSKC Eeegumsa Fayyaa ummataa Siyaatilii fi Mootii Kaawuntii), fi Washington State Department of Children, Youth and Families (‘’the State’’ Qajeelcha Daa;immanii, Dargaggoota fi Maatii bulchiinsa  Washington) gidduutti qoodamuu danda’a.

DEEL fayyaa, barnoota fi fedhii guddina mucaa keessanii guutuuf, odeeffannoo fayyaa waliin walqabatu tajaajila kennitoota waliigaltee qaban waliin haala nageenyi isaa eegameen qooduu danda’a. Adeemsa barachuu mucaa keessan irratti gufuu ta’uu danda’an adda baasuuf qorannoo fayyaa (Screenings) ni gaggeeffamu. Deeggarsa fi leenjii PHSKC irraa argamuun, dhaabbileen tajaajila kennan qorannoo ijaa fi gurra gaggeessu danda’u. Dabalataanis, guddina mucaa keessan keessa jiru madaaluuf dhaabbileen tajaajila kennan Ages and Stages Questionnaires (Gaaffilee Umrii fi Sadarkaa Guddina) hojii irra oolchuu danda’u. Barattootaaf deeggarsa barbaachisaa kennuuf, barsiisonni ogeessa sirna nyaataa PHSKC waliin, narsii, yookaan gorsaa fayyaa sammuu waliin akka mari’atan dandeessisuu dabalatee, bu’aalee qorannoo dhaabbilee tajaajila kennan PHSKC fi DEEL waliin qoodamuu ni danda’u. Mucaa keessaniif tarkaanfii dabalataa akka fudhatamu kan gorfamu yoo ta’e, dhaabbanni tajaajila kennu bu’aa kana isiniif beeksisa.

Qorannoowwan dandeettii ijoollee barsiisonni mala barnootaa fooyya’aa akka fayyadaman gargaaruuf, deeggarsa qulqullina barnootaa fooyya’aa kennuu fi bu’a-qabeessummaa sagantichaa madaaluuf faayidaa irra oola. Barsiisonni guddina mucaa keessan qaamaan, sammuudhaan (Cognitive), hawaasummaa fi miiraa hordofuu akkasumas, ilaalcha isaanii Teaching Strategies GOLD ("TSG", Mala barsiisummaa GOLD) meeshaa madaallii intarneetii irratti galmeessuu ni danda’u. Dhaabbileen tajaajila kennanii fi DEEL, akkaawuntii bulchiinsa waliin itti fayyadaman irratti TSG argachuu danda’u; akkasumas bu’aan qorannoo TSG kutaa bulchiinsaaf ni qoodamu.

Pirograamoonni barnoota idilee duraa DEEL mucaan keessan gara oolmaa daa’immanii (Kindergarten) fi milkaa’ina barnoota itti aanuuf qopheessuuf yaala. Ijoolleen barnootaaf akkamitti akka qophaa’an madaaluuf DEEL kutaa bulchiinsaa waliin ta’uun ni hojjeta. Ijoolleen sagantaalee barnoota idilee duraa DEEL keessatti galmaa’an, turtii barnootaa K-12 keessatti hordofuun bu’a-qabeessummaa sagantichaa yeroo dheeraa madaaluuf akka danda’amutti, kutaan bulchiinsaa (district) ijolleedhaaf lakkoofsa waraqaa eenyummaa barattootaa ni qopheessa. DEEL lakkoofsa waraqaa eenymmaa baratаa qopheessuuf ragaalee barbaachisoo gahaa mala ittiin ragaa dabarsan nageenyi isaa eegame kutaa bulchiinsaatiif dhiyeessuu danda’a.

DEEL barsiisotaaf mala barsiisummaa isaanii irratti leenjii ragaa irratti hundaa’e fi madaallii ni dhiyeessu. Darbee darbee, yeroo barsiisotni hordoffii gaggeessan, mucaan keessan suuraa kaafamuu yookaan viidiyoon waraabamuu danda’a. Xiyyeeffannoon waraabbii kamiyyuu barsiisaa irratti yoo ta’u; waraabbii ilaaluu kan danda’an hojjettoota DEEL/SPP yookiin qorattoota alaa (evaluators) qofa. Raga dhuunfaa mucaa keessanii eeguuf jecha, suuraan waraabaman hundi iccitiidhaan qabamanii kan turan yoo ta’u torbee lama keessatti akka haqaman taasifamu.*

Public Health (Waajjira eegumsa fayyaa uummataa) barnootni kutaa keessaa sadarkaa qulqullinaa akka eegamu deeggarsa ogummaa fi qajeelfama iftoomina qabu ni kenna. Darbee darbee yeroo Public Health sakatta’iinsa gaggeessu, suuraan yookaan viidiyoon mucaa keessanii waraabamuu ni danda’a. Suuraan waraabame kamiyyuu xiyyeeffannoo ijoon mul’ata kutaa barnootaa irratti yoo ta’u, suuraan kana ilaaluu kan danda’an hirmaattonni Public Health qofa. Raga dhuunfaa mucaa keessanii eeguuf jecha, suuraan waraabaman hundi iccitiidhaan qabamanii kan turan yoo ta’u torbee lama keessatti akka haqaman taasifamu.*

DEEL, odeeffannoo maatii fi ijoollee haala heera eegumsa odeeffannoo dhuunfaa magaalaa (City’s Privacy Standards) irratti hundaa’uun of-eeggannoon guddaan ni eega. Yeroo seerri kan barbaadu ta’e, taatee murtaa’e keessatti odeeffannoon uummataaf ifa ta’uu danda’a. DEEL, maalummaa ijoollee sagantaalee keenya keessatti galmaa’an yookaan maatii isaanii/guddistoota isaanii kan ifatti eenyummaa isaanii mul’isu dabarsee hin kennu. Raga dabalataaf maaloo ibsa raga dhuunfaa (Privacy Statement) ilaala

Yaada ilaalcha keessanii gaafachuuf DEEL kallattiidhaan yookiin gama dhaabbata tajaajila kennuutiin isin qunnamuu danda’a

## Ibsa raga dhuunfaa

Odeeffannoo isin kennitan kan fayyadu galmee keessan madaaluufi. Odeeffannoo dabalataa sagantaalee isin fayyadu beeksisuuf jecha, Bulchiinsi Magaalaa Seattle odeeffannoo isin kennitan gara manneen hojii biroo magaalaa keessatti argamanitti qooduu danda’a. Odeeffannoo dabalataa sagantaalee isin fayyadu beeksisuuf fedha keessan yoo ibsitan, Bulchiinsi Magaalaa Seattle galmee keessan raawwachuuf jecha odeeffannoo isin kennitan gara manneen hojii biroo magaalaa keessatti argamanitti qooduu danda’a. Seerri yoo nu hin dirqisiisne malee, odeeffannoo keessan hojii seeraa raawwachiisuuf yookaan kaayyoo biraaf osoo beeknuu dabarsinee hin kenninu. Odeeffannoo dabalataaf, Maaloo labsii galmee Uummataa (Public Records Act – RCW Chapter 42.56) ilaalaa. Ibsa ragaa dhuunfaa Magaalaa Seattle, odeeffannoo isin kennitan akkamitti itti gaafatamummaan akka eegnu ibsa

*DEEL/Bulchiinsi Magaalaa Seattle, seera Public Records Act (PRA – Seera galmee uummataa) jalatti kan hojjatu dha. Haalli hojii idilee odeeffannoo iccitiidhaan eeguu yoo ta’ullee, garuu yeroo dirqamni seeraa itti dhufu, eeguuf ykn qooduu dirqama qaba.Ta’ullee manni hojii kun hanga seerri eeyyame irratti hunda’uun odeeffannoo dhuunfaa akka hin qoodamne ofirraa ittisuuf ykn mormii dhiyeessuuf mirga qaba.

Maqaa jalqabaa / dhuma mucaa: ______________________________ Guyyaa dhaloota mucaa: ____________________

## Heyyamoota Filannoo

Sagantaa barnoota idilee duraa kana keessatti hirmaachuun, maatii /guddiftoonni seeraa waliigalteewwan armaan olitti tarreeffaman hunda akka waliigalan ni mirkaneessu. Filannoowwan armaan gadii fedha keessaniin kan guutamudha.

Maaloo qabxiilee itti walii galtan fuulduratti sanduuqa jiru keessatti mallattoo (check) godhaa.

- ☐ Madaalli Sagantaa (Program Evaluation): DEEL qulqullina barnoota kutaa keessatti kennamu ijoollee irratti dhiibbaa inni qabu madaaluuf, qorattoota alaa waliin waliigaltee seenuun hojjachuu danda'a. Qorattoonni alaa, ijoollee irratti xiyyeeffachuun, afaan, dubbisuu, herrega fi dandeewwan barnootaaf gargaaraan irratti xiyyeeffatan, mala madaallii ijoolleedhaaf mijataa ta'an raawwachuu danda'u. Hayyama kana yeroo kamiyyuu addaan kutuu ni dandeessu. Madaallii sagantichaaf jecha, mucaan koo madaallii sadarkaa ijoolleetiif qophaa'an irratti akka hirmaatan hayyama koo kenneera.
- ☐ Ragaalee galmee Qooduu: Manni barumsaa idilee duraa keessan yookiin dhaabbanni tajaajila kunuunsa daa'immanii kennan, galmee hojii bulchiinsaaf barbaachisu dhiyeessuuf isin gaafachuu danda'a. Mijina keessaniif jecha galmeewwan bulchiinsa magaalaatiif galchitan, DEEL dhaabbata tajaajila kennu waliin qooduu danda'a. DEEL, ragaa umrii mucaa koo, teessoo yookaan galmee galii dhaabbata tajaajila kennu waliin qooduu akka danda'u hayyama kenneera.
- ☐ Hayyama Suuraa/Viidiyoo: Sagantaalee barnoota idilee duraa magaalaa beeksisuuf jecha, suuraa yookaan viidiyoo mucaa koo akka ka'uu fi dijitaalaan, maxxansaan akkasumas beeksisa suuraa irratti faayidaa irra akka ooluuf hayyama kenna. (Hayyamni kun yeroo hunda tajaajila).

DEEL waliin walitti dhufeenya godhamu: Yeroo adeemsi galmee raawwatu akkasumas darbee darbee dhimmoota galmee waliin walqabatee, DEEL isin qunnamuu danda'a. Dhimmoota birootiif akka isin qunnamnu yoo barbaaddan, maaloo filannoowwan armaan gaditti jiran keessaa kan barbaaddan filadhaa.

- ☐ Af-gaafii yookaan paanaalii deeggarsa maallaqaa kan DEEL ykn kan manneen hojii magaalaa biroo qophaa'an irratti hirmaachuuf fedhii qaba.
- ☐ Odeeffannoo ammaawaa Department of Education and Early Learning irraa imeeliidhaan argachuuf fedhiin qaba.
- ☐ Af- gaaffiidhaaf yaada (Quotes) kennuuuf yookiin fi yaada biroo dhiyeessuuf fedhii qaba.

Heyyamoota armaan olitti kennitan kamiyyuu yeroo barbaaddanitti haquu yoo barbaaddan, DEEL ittiin beeksisuuf barreeffamaan preschool@seattle.gov ykn poostaan gara The Seattle Preschool Program, PO Box 94665, Seattle, WA 98124 nuuf ergaa. Hayyamni kun hayyama haaraa fooyya'aan hanga dhiyaatutti ykn hanga 8/31/2027tti hojiirra oola; (kan dursee dhufu ni hojjata).

## Mallattoo maatii/guddistoota seeraa (dirqama)

Armaan gaditti mallattoo koo kaa'uun ani:**1)** Mucaan koo sagantaa barnoota idilee duree DEEL keessatti hirmaachuu akka danda'u eeyyama koo nan kenna; **2)**Ilbsa raga dhuunfaa dubbisuu koo nan mirkaneessa; akkasumas **3)** Akkuma armaan olitti ibsame irratti hundaa'uun ragaan akka qoodamu heeyyama kenna. Ulaagaa guutuu yookiiun dhiisuu koo murteessuuf ragaalee barbaachisan guutumaa guututti kennuu dhabuu yookiin ragaalee sobaa dhiyeessuu dabalatee raga sobaa kamiyyuu kennee yoon argame saganticharraa haqamuu akka danda'u hubadheera.

| | |
|---|---|
| Mallattoo maatii/guddistoota seeraa: | |
| Maqaa maatii/guddistoota seeraa (barreeffama ifa ta'een): | |
| Guyyaa: | |